# Cehumsa: miira gaariidhaan mana barmootaa eegaluu

**Ibsa Qajeellfama Barnootaa fi Guddina Cehumsaa (Transition Learning and Development Statement) warri akka guutan gargaaru**

## Miira gaariidhaan mana barmootaa eegaluun maaliif barbaachisa?

Miira gaariidhaan mana barmootaa eegaluun yeroo ijoolleen kee oolmaa ijoollee irraa gara mana barmootaatti dabran akka barmoota jabaatanii barataniif kan gargaaruu dha. Akkasumas cehumsi miira gaarii muuxannoo argatani fi yeroo ammaatti keessa jiraniin isaan cimsee akka isaan nageenyi itti dhagahamu, of irratti amantii fi kaan waliinis walitti dhihaatan, ijoolleen kee barmootaa fi guddinni agarsiisan cimee akka itti fufu kan gargaaruu dha. Miira gaariidhaan mana barmootaa eegaluun akkasumas akka caalaatti obsa qabaatan isaan gargaaruu danda'a.

## Ibsi Cehumsa Barmootaa fi Guddinaa (Transition Learning and Development Statement) maaliif barbaachisa?

Tajaajiloonni eegala ijoollummaa, manneen barmootaa, tajaajilli Kunuunsa Saáa Mana Barmoota Alaa (Outside School Hours Care (OSHC) fi maatiin barnootaa fi nagahooma ijoollee gargaaruuf waliin dalagan. Ibsa Cehumsa Barmootaa fi Guddinaa (Transition Learning and Development Statement - TLDS) dhimma bahuudhaan odeeffannoo waliin qooddatu. Kunis tokkoo tokkoo tajaajila eegala ijoollummaatiin ijoollota hundaaf yeroo isaan mana barmootaatti jabaataa deeman kan barreesaamuuf taha.

Odeeffannoon TLDS qoodu waaée barnoota, guddinaa fi nagahooma ijoollee tajaajila eegala ijoollummaa fi mana barmootaa gidduu jiruu dha. TLDS waan ijoolleen kee fedhii itti qaban, beekumsaa fi dandeettii isaanii fi ijoollee kee gargaaruuf tasimoon ittiin barsiisan akkamii akka isaaniif tahu akeeka.

Ijoolleen kee akka mana barmootaa jalqabaniin barmoota isaanii irratti waan gargaartuu ilaalchisee waan ati hubatuu qabduu fi akka ati itti gargartu irratti TLDS si gargaaruu dandaá. Odeeffannoon TLDS keessaa barsiisonni Bu'uresitootaa (Foundation teachers) akka mucaa kee baranii fi sagantaa barsiisaa sirrii tahe akka karoorsaniif gargaara. Yoo ijoolleen kee OSHC irra tahaniif, yeroo isaan achi jiranitti TLDS karoora baasuufiif gargaara.

TLDS maqaa ijoollee kee, guyyaa dhalootaa fi fakkoo (photo) akkasumas maqaa kee fi akkaataa itti si qunnaman odeeffannoo of keessaa qabaata. Kaneen ijoollee bakka eegala ijoollummaa (early childhood) barsiisaa turan maqaa fi akkaataa itti isaan qunnaman tarii qabaatuus mala.

TLDS ijoollee keetiitti waa gumaatuun cehumsa mana barmootaatti taasisamu keessatti kan ati fi ijoolleen kee osoo mana barmootaa hin jalqabin dura waliin keessatti hirmaattan taha.

## TLDS kan mucaa kiyyaa akkamiin ani argadha?

Tajaajilli eegala ijoollummaa mucaa keetii sutee (link) toora TLDS ittiin argattu siif kennan. Toorri interneetaa TLDS kara mijjataa TLDS guutuuf tahuu dha.

Yoo toora interneetaa irraan argachuun si rakkise waraqaadhaan akka siif kennamu gaafatchuu dandeessa.

## TLDS bakka isa kam irrattin guuta?

*Kutaa (Section) 1* fi *1.1* barsiisaa eegala ijoollummaa ijoollee keetiitiin itti guutama.

*Kutaa 1.2* tarii mucaan kee qummuunsa (developmental delay) ykn hirína (disability) yoo qabaate barsiisaa eegala ijoollummaatiin guutama. Kan kaanis ijoollee kee gargaaran kan biroonis kanumatti dabalamuu mala.

*Kutaa 2: Mucaa* nama guddaa akka gaarii beekan waliin ijoolleen kee itti guutu. Kun si tahuu, ykn barsiistuu eegala barmoota ijoollummaa tahuu danda'a.

*Kutaa 3: Maatii* kan ati itti guuttuu dha. Yaadni ati kennitu barbaachisaa dha. Kutaan kun gaaffiilee fedhii ijoollee kee akkasumas yaadaa fi abdii isaan qaban ittiin ibsitu si gaafata. Gaaffilee kana deebisuun kee barsiisonnii fi hojetoonni OSHC (yoo kan jiran taheef) ijoollee kee akka hubatanii fi waan isaan barbaachisu, kunis barmootaa fi guddina isaanii irratti akka tumsan isaan gargaara.

## Erga TLDS guutameen booda maaltu taha?

Erga TLDS guutameen booda, barsiisaan eegala ijoollummaa ijoollee keetii waan itti guutame sana gara galchii (copy) isaa siif kenna.

Barsiisaan eegala ijoollummaa keetii mana barmootaa ijoollee keetii fi tajaajila OSHC (yoo kan jiran taheef) TLDS guutame kana ni qoodaaf.

Ijoolleen kee mana barmootaa kam akka deeman hin beektu yoo tahe, barsiisaan bakka eegala ijoolluummaa gara galchuu (copy) TLDS dabala siif kenna. Kanas yeroo mucaa kee mana barmootaatti galmeessitu itti kennuu dandeessa.

Yoo *Kutaa 3: Maatii*, hin guuttu tahe barsiisaan eegala ijoollummaa ijoollee kee kutaa kan biroo itti guutame mana barmootaa fi tajaajila OSHC (yoo kan jiran tahe) qoodeefii waan qoodameef sanas gara galchii isaa siif kenna.

Qorannoon fi yaadni mana barmootaa irraa kennaman akka ibsanitti odeeffannoo akkasii waliin qooddatuun cehumsa gara mana barmootaatti taasisau keessatti hedduu gargaara. Yoo mana barmootaa ijoollee keetiif waa'ee TLDS qooduufii hin barbaaddu tahe dhimma kana barsiisaa eegala ijoollummaa ijoollee keetii waliin mariyadhu.

Odeeffannoon sirrii fi eeggannoo qabu barsiisotaa fi barmoota Victoria akka hubannoo fi odeeffannoo qabaatanii nagahoomaa (wellbeing) fi nageenya (safety) ijoolleef barbaachisu eegan gargaara.

Odeeffannoo caaluuf, ilaali, https://www.vic.gov.au/information-sharing-schemes-and-the-maram-framework

## Odeeffannoo caaluuf

Caalaatti baruuf, as ilaaluu dandeessa www.vic.gov.au/transition-school-resources-families

Odeeffannoon kun tooruma kana irratti afaanota hawaasaa adda addaatiin ni jira: www.vic.gov.au/transition-school-resources-families